



Ibsaan shaamaa maaliif yaaddoo ta'aa

Bara 2004 tti, balaan ibsaa shaamaa manneen U. S. keessatti fideen ijaarumsi 17,200 tti tilmaamamu, lubbuun namoota 200, namoota 1540 irratti miidhaa fi qabeenyi \$ miliyoona 200 tti tilmaamamu barbaadawe.

Ibsaan shaamaa hoo of-eeggannoon dhimma itti bahame, manni keenya foolii gaarii fi tasgabbiin kan guutame ta'a. Ibsaan isaa guyyoota ayyaanaaf midhaagina kan dabaluu fi ayyaanefannaa amantii keessattis barbaachisaa dha. Garuu ibsaa shaamaa utuu hin dhaamsin dhiisuun ykn utuu ifu dhiisanii rafuun balaa ibiddaa haamaa kaasuu danda'a.

38: dhibbeentaa balaa ibidda shaamaa kan gola hirribaa keessatti dhalatu.

14: dhibbeentaa balaa ibidda shaamaa kan ji'a Muddee keessa dhalatu, balaa ji'oota kanneen keessa dhalatu dhibeenta 8 gara dachaatiin caala.

12: dhibbeentaa balaa ibidda shaamaa kan shaamaa dagatanii biraa rafuun sababa ta'e.

54: dhibbeentaa ibidda shaamaa kan waan ibiddaan akka salphaatti bobahu (combustible material) ibsaa shaamaa biratti dhiisuun ykn itti dhiheessuun kan tahu.

4: dhibbeenta balaa ibiddaa shaamaa utuu ibidda shaamaan taphatan (yeroo baay'ee ijoolleedhaan) kan dhalatu.

91: dhibbeentaa balaa ibidda shaamaa manneen jireenya keessatti dhalatan woligalatti kan gabaafaman keessaa.




www.ci.minneapolis.mn.us/fire

Wojji ta'uudhaan




www.fire.state.mn.us

Of-eeggannaa Ibsaa Shaamaa



*Yeroo manaa baatu,
dhaamsi!*



Maal godhuu danda'aa?

Mana keessatti ibsaan shaamaa of-eeggannaan dhimma bahamaa jiraachuu akka salphaatti mirkaneessuu dandeetta. Mana keetti ibsaa shaamaa yoo jaalatta ta'e, gorsa of-eeggannoo kanaan gad jiru hordofi:

- Ibsaa shaamaa waan sirriitti miilaa isaan gad-dhaabbatee jiru irra, mi'a akka shaamaa baqee gad hin cobne qabatu keessaa kaa'i.
- Ibsaa shaamaa utuu ifu takahu inuma dhiifte akka biraa hin deemne.
- Hoo ifaan bade, baatrii harkaa fayyadami, ibsaa shaamaa miti.
- Ibsaa shaamaa meeshaa ibiddaan qabachuu danda'an hunda irraa fageessi.
- Ibsaa shaamaa waan lafa irraa ol-fagaatu irra kaa'i akka ijoollee fi bineensoni manaa hin dhaqqabne.
- Ibsaa shaamaa fooddaa irra hin kaahin, golga fi hoccuun fooddaa ibiddaan qabata.
- Ijoolleen golaa hirribaa isaanii keessatti ibsaa shaamaa akka fayyadaman hin hayyamin.
- Yeroo shaamaa bittu waa'ee shaamaa fi maal irra ykn keessa akka kaahamu gaafadhu. Worri shaamaa dhiheessuu gurguddaan yeroo shaamaa fi mi'a irra kaahan hoomishan qajeelfama haaraa hordofu waan ta'eef hoo sirnaan itti fayyadaman hin cabu ykn hingaragalu.

- Ibsaa shaamaa hoo dhaamsitu of-eeggannoo godhi, mi'a ittiin dhaamsan (snuffer) kan qabata dheeraa qabu fayyadami ykn kallattiidhaan hafuura suuta itti baafadhu. Kan gadi cobuu akka hin facaafne eeggadhu.



Ibsaan shaamaa qalbii namaaf gammachuu kenna, garuu akka salphaatti balaas fiduu danda'u.

Balaan ibidda shaamaan dhufu maaliif baayyataa jiraa? Sababni tokko jaalalli namni shaamaaf qabu ol ka'uu isaati. Ummanni America woggaatti \$ biliyoona 2 shaamaaf baasa. Guutuu biyyaatti shaamaan mana jireenya 10 keessaa 7 tti argama.

Balaa hamaa dhufuuf of-qopheessi

Maatiin hundi manni ibiddaan hoo gubate gara ibidda jalaa baqatuun barbaachisa. Mana keessa deemuudhaan gola hunda keessatti fulaa lamaa kan mana keessaa bahuuf si gargaaru addaan baafadhu. Sana booda kaartaa mana dheessuuf si gargaaru qopheessi. Woggaatti yeroo lama akkamitti akka ibidda jalaa dheessitu ibiddi waan qabate fakkeessi shaakali. Irra deddeebi'anii shaakaludhaan namni mana keessa jiru hundi yeroo balaan ibidda uumame maal akka godhuu qaban beeku.

Yeroo hundaa karaa balaa hin qabne filadhu, akkasumas daa'imuu shaakali; jalaa bahuuf aara keessa qaxxaamuruu si feesisa ta'a. Aarri waan gadhee dha, ibidda caalaa hammaata. Akka hin suunfanne, lafatti gad jedhii harkaa fi jilbaan daa'imi. Lafa irraa hanga fageenya jilbaatti qilleensi qulqulluun waan jiruuf mataan kee kana keessa hoo ta'e nagaadha.

Torbee lammaaffaa baatii Onkololeessaa, torbee ittisaa balaa ibiddaa muummeen keenya **NFPA wojji ta'uudhaan** sababoota ciccimoo balaa ibiddaa manneen jireenaa irra gahuu danda'aniifii balaa kana hambisuu tarkaanfii fudhatamuu qabu irratti of-eeggannoo fi barumsa laatu.

Of-eeggannoon ibidda shaamaa of-eeggannoo balaa ibiddaa keessaa torbee ittisa balaa ibiddaas ta'e woggaa guutuu bakka ol aanaa qaba.

Mana keetti ibsaa shaamaa hoo fayyadamta ta'e, of-eeggannoo haa ta'u.